# Tokkoon keessan hin amanu hanga ani abbaa isaa, ilma isaa fi namoota hunda irra isa biratti irra jaallatamaa ta'utti

Anas ibnu Maalik irraa akka odeeffametti -Rabbi isa irraa haa jaallatu- ni jedhe: Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- ni jedhani: «Tokkoon keessan hin amanu hanga ani abbaa isaa, ilma isaa fi namoota hunda irra isa biratti irra jaallatamaa ta'utti».
[sirrii] [Bukharif muslim irratti waliigalan]

Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- muslimni tokko hanga jaalala haadha isaa, abbaa isaa, ilma isaa, intala isaa fi namoota hunda irra jaalala ergamaa Rabbii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- dursutti iimaanni isaa guutuu akka hin taane nuuf himani, jaalalli kun isaaniin buluu, isaaniif tumsuu fi badii dhiisuu murteessiti.



النجاة الخيرية
ALNAJAT CHARITY
لجنة الدعوة الإلكترونية
EDC E-Da'wah Committee